

SEENAA HAYYOOTA ISLAMAA

Abbaa Barnoota Fayyaa (Father of medicine)

)))IBNU SINA(AVICENNA)((

✍ Barreysaan:-Nesredin Abdi(Ibnu Islam)

Maddii:- toora internet

*****///*****

Maqaan isaa guutun Abu Ali al-Huseyn ibn Abdullahi ibn Ali Hassan ibn Ali ibn Sina ja'ama. Warra lixaa biraatti AVICENNA maqaa jedhuun Beekkaama. Bara 980 ALA iddoo Afshana jedhamtu tan ganda Bukhara jedhamutti argamu (Biyya Uzbekistan amma) kheesatti bara wallaalumman Hawasni aduunyaa rakkacha tureetti dhalate.

Ibnu siinaan umriin isaa waggaa 10tti quraana hafazuun qomatti erga galfatee hawaasa isa wallaalumaa irraa baasuuf gosoota barnnoota biroo khan akka Fiiqii, fiiziksi, Herregaa,metaphysics, filoosoofi faa barachuu jalqabe.

Yeroo umriin isa 16 gahutti barnnoota isa khaan xumuruun ammaas waa'ee fayyaa barachuu jalqabe turtii waggoota lamatti barnnoota fayyaatiis xumuruun ogeessa fayyaa khan ajaabaa(specialist) tahee dhukkubsatoota waldhaanu jalqabe.

Ibnu sinan dhukkubsatoota yeroo waldhaanu kharaa(tooftaa)lee ittin nama waldhaanan haarawa mataa isa fayyadamun dhukkubsata bifa salphaan yaaluu isaatin bekkamti fi dinqisiifana yeroo gabaaba kheesatti hawasaa biratti argate. Khanuma irraa kha'uun moti Samanid dynasty yeroo sani khan tahe Nuh II dhukkuba ogeeyoonni fayya yeroo sani hundii waldhaanuu dadhabanii Abdii irra muraataniin dhibamaa tureef yaala barbacha ibnu sina bira dhaqee, innis yaaluun sababa tahe fayyisee.

Mootiin Khun fayyuu isaati fi yaalaa ibnu sinan godheefitti gammaduun badhaasa guddaa badhasuu barbaadus, ibnu siina badhasaaf hayyama itti fayyadama mana khitaaba mootootaati argachuu gaafate. Hayyamichaas argachuun mana kitaabichaa irra fayyadamun barnoota saa gabifachuu itti fufe.

Ibnu sinan hangaa lubbuun jirutti wantoota heddu gumaachaa godhee kheysaa

- Maloota kintaroo (buroo) ittin waldhaanan

- Adeemsaa Khalee ittiin jijjiiran

- Surgery:-(baqaaqsani yaalu ykn hodhu) dhibeele akka ujummoolee qilleensaa fi kaansarii jalqabbi irraa jiruufa godhu

- Quarantine:-Dhukkuboota daddarbboo to'achuuf dhukkubsata quarantine(namoota irraa khophaati baasu) guyyoota 40iif akka godhamu. Maalli quarantine khun yeroo amma dhukkuba Corona virus to'achuuf akkasumaas baroota dur kheysa dhukkuboota dadarbaa ittin to'achuuf hojii irra oolaa ture jira.

- Yeroo jalqabaatif dhukkuba saykoolojii waldhaane akkasumaas obsa fi tasgaabin adeemsa dhukkubsataan fayyu kheysatti akka sadarka jalqabaati khaayee.

- Dhukkuboota mataa hanga milaati qama namaati Bu'aa maal akka tahan fi qorichoota isaani kana malees dhukkubni TB (dhukkuba sonba) goosota dhukkuba infection akka tahe.

- wantooni ibnu sinan bara dur kan meshaaleen yeroo amma gubba hanga kheysa qamaa haala salphaan ittin beekhan tan hardha hin jireeti wantooni inni hojjate fi kan kitaaban barreeysee, Hayyoota fayyaa khan yeroo amma meeshaale ammayyaa fayyadaman biratti hedduu wan ajaaiba tahun hedduu isa dinqisiifatu.

Ibnu sinan beekkumsa rabbiin isa badhaase khana hawasaa isaa dhaalchisuuf kitaaboota gara 450 bareeysee. Isaan kheysaa 240 hojii irraa khan oolaan yoo tahu. Kitaaboota kanneen irraa 150 waa'ee fiiloosofi, 40 ammo waa'ee fayyaa irratti barreeyse.

Kitaaboota isaa khan hojii irraa oolan kheysaa

- Al-Qanun, fi al-Tibb(The Canon of Medicine)

- Kitab al-Shifa (The Book of Healing)

- Kitab al-Adviyt-al-Qalbiye(The book on drugs for cardiac diseases)

- Sirat al-shaykh al-ra'is (The Life of Avicenna)

- Al-isharat wa al-tanbihat (Remarks and Admonitions)

- Kitab al-Najat (The Book of Salvation)

- Risalahfi sirral-qadar(Essay on the Secret of Destiny)

- Resala fi ebṭal aḥksm al-nojum

▪Danishnama-i'ala'i(The Book of Scientific Knowledg) faa isaan hangafa.

1, Al-Qanun, fi al-Tibb:- Bu'aan guddaan ibnu sinan barnnoota fayyaati gumaache kheesaa kitaaba isa kan Al-Qanun, fi al-Tibb(The Canon of Medicine) jadhu isa hangafa. Kitaabni kun warra Lixa biratti Canon jadhamun bekkama. Kitaabni kun kitaaba encyclopedia kan maxxansa kitaaboota shani fi jechoota milyoona(1000000)tokko ol of kheesaa qabudha.Kitaabni kun jaarraa 12ffaa kheysa afaan Latin jijjiramuun hanga xumuraa jaarraa 19ffaatti kitaaba adduunyaa irraa sadaraka jalqaba tahu yuniversiitoota biyyoota heddu kheesatti baldhinaan barsiifama ture. Yeroo amma khanaas yuuniversiitoota, koolejoota tokko tokko kheesatti barsiifamaa jira akkasumaas ogeeyyooni mala aadaan nama waldhaanan hangaa ammaatti maloota isaa kitaaboota isaa khana irraa fayyadama jiru.

2. Kitab al-Shifa :- kitaaba encyclopedia Kan kutaalee afur kan akka Lojiiki, herregaa, fiiziksii fi metaphysics of kheesaa qabudha.

Ibnu sinan Kitaaboota muraasa afaan dhaloota isaa(afaan faarisiin) barreeyse malee kitaabban isa baayyee afaan araabatin barreeyse. Kitaaboota isa kanneen irraa yeroo ammaa kitaaboota gara 67 qofaatu Manneen kitaaba warra Lixa (Awroopa) kheesatti argama.

Hayyuun khun bara 1037, umrii isaa waggaa 58tti qabeenya isaa guututti sadaqatee biyya Iran ammaa magaala Hamdaanitti du'aan gara fuula rabbii isaa deeme. Rabbiin Rahmataa ha godhuufi.

Seenaan ibnu sina gabaabinaan tana fakkaati, Baldhinaan toora internet irra dubbisu dandeeysan.

Akhii/Ukhtii Seenaa Hayyuu khana ergaa dubbiftee Share godhun obbaleeyyaan khe biraan gahi jzkl.